# Namni guyyaa jumu'aa dhiqannaa janaabaa dhiqatee egasii (gara jumu'aa) deeme, akka waan gaala saddaqaa baaseti

Abuu Hurayraa irraa odeeffame -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Namni guyyaa jumu'aa dhiqannaa janaabaa dhiqatee egasii (gara jumu'aa) deeme, akka waan gaala saddaqaa baaseti, namni sa'aatii lamatti deeme, akka waan sa'a saddaqateeti, namni sa'aati sadi'itti deeme akka waan hoolaa gaafa qabu saddaqateeti, namni sa'aati afuritti deeme, akka waan lukkuu sadaqateeti, namni sa'aatii shanitti deeme, akka waan killee saddaqateeti, imaamni (khuxbaaf) yeroo ba'etti malaaykaan zikrii(khuxbaa) dhaggeeffachuuf jecha argamu».

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- sadarkaa ganameeffatanii salaata jumu'aa deemuun qabu himani, ganameeffachuun aduun ba'uu irraa eegalee hanga imaamni dhufutti itti fufa; inni sa'aatii shan ta'a, aduun ba'uu irraa hanga imaamni seenee khuxbaaf minbara irra ba'uutti sa'aatiileen gidduu kana jiran akkaataa yerootiin bakka shanitti qoodamu. Kan jalqabaa: akka dhiqannaa janaabaatti dhiqannaa guutuu nama dhiqatee, eegasii sa'aatii jalqabaa irratti gara masjiida jumu'aa deemeedha, inni akka nama gaala saddaqateeti. Lammaffaan: nama sa'aatii lammaffaa irratti deemeedha, inni akka waan sa'a saddaqateeti. Sadaffaan: nama sa'aatii sadaffaatti deemeedha, inni akka waan hoolaa korbeessa gaafa qabu saddaqateeti. Afraffaan: nama sa'aatii afraffaatti deemeedha, inni akka waan lukkuu saddaqateeti. Shanaffaan: nama sa'aatii shanaffaatti deemeedha, inni akka waan killee saddaqateeti. Yeroo imaamni khuxbaadhaaf minbaratti ol ba'etti; malaaykonni worra masjiida ol seenan barreessuuf ulaa irra taa'aa turan barreesuu irraa dhaabbatanii, zikrii fi khuxbaa dhaggeeffachuuf dhufu.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/5393